
# Qoricha Dhukkuba Daranyoo Sombaa Dhokataa: Isoniyaaziidii (INH)

TB FREE
KING COUNTY

Qoricha keessan guyyaatti yeroo tokko ji'oota 9'f fudhattu

Kiniiniiwwan keessan kan guyyaa yeroo tokkotti wal faana fudhattu

Qoricha dhukkuba daranyoo Sombaa dhokataa fudhachaa akka jirtan doktoroota keessan birootti himaa



Dhukkua daranyoo Sombaa dhokataa gosa infekshinii Dhukkuba daranyoo Sombaa qabdu. Dhukkuba daranyoo Sombaa hin qabdan,kanaafuu namoota biroottis dhukkuba daranyoo sombaa tatamsaasu hin dandeessan. Qorichi kun dhukkuba daranyoo sombaa si'oome isin irraa ittisuuf gargaara.

| **Qoricha** | **Baay'ina kiniiniiwwanii guyyaa tokkoo** |
|---|---|
| Isoniazid | |

**Ji'oota 9'f guyyaa hunda qoricha koo nan fudhadha**



Gaaffiilee ykn miidhaawwan biroo yoo qabaattan narsii keessaniif bilbilaa:

_______________

Public Health
Seattle & King County

# DHAABAA

Qoricha keessan battalumatti fudhachuu DHAABAA, akkasumas yoo rakkoolee armaan gadii keessaa tokko isin mudate narsii Dhukkuba Daranyoo Sombaa keessaniif BILBILAA:

- Fedhii nyaataa xiqqoo qabaachuu ykn tasuma dhabuu
- Jeequmsa garaa ykn dhukkubbii garaa
- Locuu ykn hoqqisa
- Fincaan halluu koollaa qabu ykn bobbaa salphaa
- Gogaan ykn ijji keelloo ta'uu
- Shiffee ykn cittoo
- Harki ykn miilli keessan adooduu

TB FREE KING COUNTY

## Gorsoota INH fudhachuuf gargaaran

- Qoricha keessan akka fudhattan isin haa yaadachiisuuf yaadachiistu guutaa
- Maatii ykn hiriyaan akka isin yaadachiisu gaafadhaa
- Yoo alkoolii kan dhugdan ta'e, alkooliin miidhaawwan biroo fiduu waan danda'uuf doktoora keessan waliin haasa'aa.
- Waa'ee qoricha biroo fudhattan doktora keessanitti himaa
- Gaaffiilee yoo qabaattan narsii keessan gaafadhaa

Public Health
Seattle & King County